Hidhamuu Dr. Mararaa Guddinaa ilaalchisee

Sochii Biyyaa Itiyoophiyaa irraa ibsa kenname

Aangoo mootummaa biyya keenyaa fedha ummataatiin ala humna qawweetiin kan dhuunfate Wayyaaneen, gaafii bilisummaa, wal-qixxuumaa fi diimookraasii sabnni bal'aan yeroo dheeraaf dhiheeffachaa tureef deebii keennuu lagatee warra gaaffilee kana dhiheessuun beekaman hayyoota, hooggantoota siyaasaa fi jarmiyaalee adda addaa, gaazeexessitoota, barattoota fi lammiiwwan mirga saba isaanii karaa nagaa mormmachuuf ol ka'an hunda hidhuun, biyyaa baasuun, akkasumas waraana isaa uummattoota Itiyoophiyaatiif otoo hinta'iin sirnichuma tiksuudhaaf ijaarame itti bobbaasuun ajjeesuu fi lafarraa duguuguu hojii guddaa taasifachuun isaa ifa bahee jira.

"Mootummaa Itiiyoophiyaa" jedhee kan if saadu murni saamtuu Wayyaaneen durfame kun torbban darbe kana keessa gocha hamaa tokkoon as bahee jira. Gocha suukanneessaa fi badii Wayyaaneen sabaa qulqulluu irraan gahaa jirtuu hunda utuu argee hubatuu, gaaf tokko deebii argachuun hin ooluu jechuun sodaa tokko malee harka-qullaa dura dhaabachuun nama mormaa ture, hayyuu, jaynnaa fi muraataa kan ta'e mata duree Kongresii Federaalistii Oromoo fi itti anna dura taa'aa MADRAK, Proofeesar Mararaa Guddinaa hidhamuun hedduu nu rifachiiseera. Dr Mararaan qabsoo karaa nagaatiin Wayyaanee mormuun namoota beekaman keessaa angafa ta'uun isaanii wal nama hin gaafachiisu. Dr. Mararaa Guddinaa walgahii Mootummooti Gamtaa Awuroppaa haala biyyaa Itiiyoophiyaa keessa jiru irratti mari'atan irratti hirmaatee utuu biyyatti deebi'aa jiruu badii tokko malee nama qabamee hidhameedha. Kunis haddaggummaa, hammeenya, gara jabinaa fi dantaa dhabuu Wayyaanee caalaatti mirkaneessuu irra taree qabsoo fi diddaan saba Oromoo, saba Amaaraa fi saboottan biraan geggeessaa jiran itti hammaatee maraamarttoo keessa seenuu fi abdii kutannaan kan ka'e waan qabanii dhiisan wal'aaluu isaanii addeessaa.

Fedhiin hooggantoota Wayyaanee akkuma kanaan dura barataniitti uummata Itiyoophiyaa qawwee itti qabanii humnaan dhiitanii akka fedhaniitti hidhanii, ajjeesanii, saamanii gabroomsanii bulchuudha. Yoo kun hin mijatiniif ammo biyyattii barbadeessanii qabeenya saammatan guurratanii gara biyya isaanii fi maatii isaaniitiif tolutti dahatanii sadoon jiraachuudha. Gochi yeroo ammaan tana Dr Mararaa irra gahes gaalchi isaa kanuma nutti fakkaata. Aarsaa barbaachise baasee Wayyaanee hiddaan buqqisuun biyya bilisaa fi walaba taate dhaloota dhufu dhaalchiisuu malee sabni keenya filmaata biraa hin qabu; sabni keenyas kana akka gaariitti hubachuu isaa hin shakkinu.

Kaayyoon Sochii Biyyaa Itiyoophiyaa inni guddaan gaaffii uummanni keenya bilisummaa fi diimookraasii gonffachuuf dhiheessaa jiru kalattiin deebii argamiisuu, qabsoo saba keenyaa waalteessuun sirna diimookiraasii dhugaa mirkaneessuudha.

Dr Mararaa akkasumas qabsaawotaa, gaazeexessitootaa fi hooggantootaa kan akka Obbo Baqqalaa Garbaa, Andargaachaw Tsigee, Olbaanaa Leellisaa, Andualem Arraagee, Iskindir Naggaa, Tamasgeen Dassaaleny, Koloneel Dammaqee Zawuduu fi kan hafan kan lakkoofnee fixuu hin dandeenye hunda kaayyoo isaanii bakkaan gahuuf harka wal-qabannee tokkuummaan qabsootti bobba'uun dirqama lammummaati.

Rakkoo fi miidhaa saba keenya irra gahaa jiru ibsa baasuu qofaan bira taruun bu'aa tokkoollee akka hin qabne hubannee jirra. Kanaaf jecha:

1. Sirna yartuu kan akka Wayyaanee jalatti ukkaamamanii, dhiitamanii, mirga uumamaa mulqamanii buluun barbadaawee, seera, heeraa, diimookraasii, wal-qixxuumaa fi bilisummaan buluun dhugoomee akka dagaagu kan fedhii fi hawwii qabdan hundi qabsoo Sochii Biyyaa Itiyoophiaatiin calqabame itti dabalamtanii/makamtanii qabsoo akka waliin gaggeessinu waamiicha isniif dhiheessina.
2. Wayyaaneen Dr. Mararaa fi hidhamtoota siyaasaa hunda hatattamatti mana hidhaatii hiikuun qabsaawota fi lammiilee dhimmi biyyatti illaalu hundaaf waltajjii siyaasaa diriirsuun haala namni hundi waliitti dhufee waayee biyya isaanii irraatti mari'achuu danda'an tokko akka diriirsu fi akka mijeessu dhaamsa dabarsinaaf.
3. Mootummaan Wayyaanee mataa uummata Itiyoophiyaa irraatti bargaagee, cunqursee, mirga sabaa mulqee akka bulchu warri kunuunistanii fi utubddan dhaabbileen idil addunyaa tokko tokkoo fi mootummooti qaroo fi dagaagoon addunyaa irratti beekamtan gocha keessan xinxaltanii qarqaarsi/deeggarsi isin mootummaaa Itiyoophiyaa kan garee bilisa baaftuu Tigraayiin durfamuuf amma ammaatti gochaa turtan badii uummattoota Itiyoophiyaa irrattis fide hubachuun mootummaa cunqursaa kana irraa harka keessan fuudhuun saba bal'aa hidhamaa, dhiitamaa, daraaramaa fi badii tokko malee ajjeeffamaa jiru cinaa dhaabbattanii furmaata akka barbaaddan gartuu akka mootummaa irrattis dhiibbaa cimaa akka gootan waamicha seenaa ennaa isniif dhiheessinu tarkaanfii cimaa mootummaa Itiyoophiyaa irratti fudhachuu yoo baattan garuu mormiin uummataa waggaa tokko dura calqabamee ammas babaldhachaa jiru kuni nagaa fi tasgabbii Itiyoophiyaas qofa otoo hintaane kan Gaafa Afrikaa illee akka jeequuf deemu akka hubattna isin yaadachiifna.

Haqaa fi bilisummaan saba hundaaf!!

Sochii Biyyaa Itiyoophiyaa